IOWA | Health and Human Services
Public Health

# Odeeffannoo dhugaa waa'ee

# I-Smile @ School

**MAATI FI KUNUUNSITOOTAAF**



## Ilkaan mucaa koo yoom duuduu qaba?

Ilkaan duubaa daa'imaa akkuma baheen battalatti cufamuu qaba. Ilkaan kun yeroo baayyee naannoo umurii waggaa 6 fi 12'tti ni ba'a.

## I-Smile @ School maalidha?

I-Smile @ School sagantaa baasii tokko malee qorannoo ilkaan, dhangala'aa ilkaan akka hin bososne godhu (dental sealants), fi qorsa filoraayid varsniish kennuudha. Akkasumas I-Smile barattoonni akkaataa ilkaan isaanii kunuunsuu qabanis ni barsiisa. Sagantaan kun guyyaa barnootaa kan raawwatamu yoo ta'u, yeroo barnootaa barattootaa baay'ee xiqqaa ta'e fudhata.

## Kunuunsi ilkaanii maalif baay'ee barbaachisaa ta'e?

Dhibeen ilkaanii barattoonni barachuu, nyaachuu, sirnaan dubbachuu fi rafuuf akka rakkatan gochuu danda'a. Seeqa fayya-buleessa qabaachuun ofitti amanamummaan akka isaanitti dhaga'amu gargaara. Dhangala'aan ilkaanitti dibamuufi filoraayid vaarnish ilkaan eeguu fi ilkaan akka hin nyaatamne gargaaru. Dhukkubbii ilkaan fiduu danda'u ittisuufis ni gargaaru. Carraan daa'imni keessan dhibee ilkaanif yaalamuu xiqqaa gochuun maallaqa akka qusattan isin gargaaru!

## Qorannoon ilkaan maalidha?

- Qorannoon ilkaanii haala ilkaan ilaaluu fi dhangala'aa ilkaanitti dibamu ykn Filoraayid Vaarnish itti godhuun barbaachiisuufi dhiisuu murteessuuf afaan keessa ilaaluu dha.
- Qorannoon ilkaanii qorannoo ilkaanii isa kilinika ilkaanii keessatti godhamu bakka hin bu'u.

## Ilkaan akka hin mancaanef dhangala'aan ilkaanitti dibamu (dental sealants) maalidha?

- Dhangala'aa ilkaanitti dibamu jechuun meeshaa halluu ilkaan qabuu fi ilkaan duubaa irratti kan dibamudha.
- Dhangala'aawwan ilkaanitti dibaman ilkaan jarmii fi nyaata qaawwa ilkaanii uumuu danda'u irraa ni eega.

## Dhangala'aan ilkaanitti dibamu akkamitti itti godhama?

Dhangala'aan cufu kun buruushii xiqqaadhaan Ilkaan nyaata bulleessu irra keessatti dibama. Daqiiqaa muraasa keessatti dhangala'aan sun fuula irra keessa ilkaanii irratti jabaata. Dhangala'aa ilkaanitti dibamu godhachuun salphaa fi dhukkubbii kan hin qabneedha.

## Dhangala'aan ilkaanitti dibamu yeroo hammamiif tura?

- Dhangala'aan ilkaanitti dibamu ilkaanii cufu daa'imni keessan ilkaan isaanii akka gaariitti yoo kunuunsan waggoota dheeraaf turuu danda'a.
- Dhangala'aan ilkaanitti dibamu beellama kilinika ilkaanii hunda irratti sakatta'amuu fi yoo barbaachise irra deebi'anii dibamuu qabu.

## Filoraayid Vaarnish maalidha?

- Filoraayid Vaarnish dhangala'aa maxxanuu fi saffisaa fi salphaatti fuula ilkaan hunda irratti akka jabaataniif dibamuudha.
- Mi'aa gaarii qaba, akkasumas waggaatti al 2-4 dibamuu qaba, kunis carraa dhukkuba ilkaanii daa'imaa hir'siuuf gargaara.

## Tajaajiloonni kunneen baasii hagam gaafatu?

- Tajaajilootni sagantaa I-Smile @ School hundi baasii tokko malee kennamu.

**QUNNAMAA**
**Kutaa Fayyaa fi Tajaajiloota Namoomaa Ayowaa, 1-866-528-4020**

Comm. 097(ORO) (06/24)